# سُورَةُ المُلْكِ
# Suuraa Mulkii

قبل كل شئ هذه هي سورة الملك
*suuran tun suuratulmulki j e'amti

وهي مكية نزلت قبل هجرة الرسول الى المدينة
*Isiin suuraa makkaati, tan odoo nabi Muhammad ,makkarraa, madiina'atti hin godaanin ,irratti b uufamte

وآياتها ( ٣٠ )
* Aayaanni isiidhaa soddoma{30}

وترتيبها ( ٦٧ )
*Lakkooysi isi'ii jahaatamii torba {67}

نزلت بعد سورة الطور
*Isiin eega suuratuxxuurii buute.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ
*Jalqabni, suuraa, tanaa takkaa waa hund-aatuu maqaa rabbi rahmata xiqqaa fii, gudda'aan nama qananiisuti, maalif {rahgmaan} jechuun ; kan rahmanni isaa bal'aadhaa kan addunya'arratti kaafrraafii mu'minallee wal gayu jechu'u, ammo {rahgiirn} jechuun ; kan rahgmanni isaa aakhi ra'atti warra isatti amane qofarratti gabaabbatu jechu'.

تَبَارَكَ الَّذِي بِيَدِهِ الْمُلْكُ
*Rabbiin mootummaan takkaa irreen harka isaa jirtu ,yookaa ta isaa taate,waan isaan hin malle hundarraa qulqullaaye, takkaa ol taye, guddate,

وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١﴾
1}*Inni waa hundarratti dandaya', wanni isa dadhabsiisu hin jiru

الَّذِي خَلَقَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ
*Rabbiin isa du'aafii j iruu uume kan isin jiraachisu, kan is in ajjeesu,

لِيَبْلُوَكُمْ أَيُّكُمْ أَحْسَنُ عَمَلًا
*wanni Rabbiin du'aa jiruu uumee isin jiraachisee,isin ajjeesuf,isin mokkoru'uufi, nama lsinirraa dalagaa akkaan tolchee dalaguufii,kaan laalu'uu jecha, kan dalagaa to1cheef sawaaba, yookaa galata heddommeysee, kan dalgaa balleyse qixaaxu'uu jecha,

وَهُوَ الْعَزِيزُ الْغَفُورُ ﴿٢﴾
2}*Rabbiin jabaa ,nama isatti balleyse qixaaxu, kan nama balleysaa dhiisee gara isaa deebi'eef araaramu.

الَّذِي خَلَقَ سَبْعَ سَمَاوَاتٍ
*Rabbiin jabaa, samii torban uume,

طِبَاقًا
*wal gubbaa godhee,kan wal hin tuyn'e,

| | |
|---|---|
| *Waan Rabbiin uume keessatti, fokkina takkaa wal diddaa, akka malee tayuu ,hin agartu,wanni inni uume hundinuu, waan akka qabu, kan bareedu, | مَّا تَرَىٰ فِي خَلْقِ ٱلرَّحْمَٰنِ مِن تَفَٰوُتٍ |
| *Mee deebiii samii Rabbiin uume lallaali, | فَٱرْجِعِ ٱلْبَصَرَ |
| 3} *Isii keessatti waan baqaqaa taye, wahi agartaa? | هَلْ تَرَىٰ مِن فُطُورٍ ٣ |
| *Ammas mee itti deebi'ii samii Rabbiin uume tana lallaali, | ثُمَّ ٱرْجِعِ ٱلْبَصَرَ كَرَّتَيْنِ |
| *Ijji tee dadhabdeeti sitti deebitii, kan ir'uu takka hin argin, | يَنقَلِبْ إِلَيْكَ ٱلْبَصَرُ خَاسِئًا |
| 4}*hammeenya,keessatti, argu'urraa garaa murattee, | وَهُوَ حَسِيرٌ ٤ |
| *Samii lafatti gad aantu tana, urji'iin bareechinee jirra, | وَلَقَدْ زَيَّنَّا ٱلسَّمَآءَ ٱلدُّنْيَا بِمَصَٰبِيحَ |
| *urjii san bakka waan shayxaanni isaan | وَجَعَلْنَٰهَا رُجُومًا لِّلشَّيَٰطِينِ |

darbamuuti goone,kan urjii sanirraa ibiddi buqqa'ee.takkaa qabsiifarnee, shayxaana waan warri sami'ii je'u dhaggeeffatee, takkaa hatee, waan dhagayetti khijiba ida'ee.warra raaga laalutti himu'uu deemu dhawee, gubee, ajjeessu, takkaa dhamaayyessu goone,

| | |
|---|---|
| 5}*orma .jinni'ii ,takkaa shayxaanaa,kan sami'irraa ibiddaan darbamu saniif, ibidda azaabaa kan qabsiifarnee jiruutu qopheeffamee jira. | وَأَعْتَدْنَا لَهُمْ عَذَابَ ٱلسَّعِيرِ ٥ |
| *Warra Rabbii isaanitti kafareef ibidda jahannamtu jira, | وَلِلَّذِينَ كَفَرُوا۟ بِرَبِّهِمْ عَذَابُ جَهَنَّمَ |
| 6} *Yaa hammeenya bakka ormi kuffaaraa itti deebi'uudhaa jiraatuu, sun mana ibiddaatii. | وَبِئْسَ ٱلْمَصِيرُ ٦ |
| *Ormi kuffaaraa sun, hoggaa ibidda sanitti darbaman qooqa hamtuu akka qooqa harre'eeti, ibidda sanirraa dhagayan, | إِذَآ أُلْقُوا۟ فِيهَا سَمِعُوا۟ لَهَا شَهِيقًا |
| 7}*Ibiddi sun,danfeeti khoqa, takkaa isaa khoqu. | وَهِىَ تَفُورُ ٧ |

تَكَادُ تَمَيَّزُ مِنَ ٱلْغَيْظِ

*Ibiddi jahannam sun, dallansuu keessa, if nyaatee ciccitu'utti, mummuramu'utti, dhiyaata,

كُلَّمَآ أُلْقِيَ فِيهَا فَوْجٌ

*Hogguma tuutti kuffaaraa ibidda sanitti. darbamte mara,

سَأَلَهُمْ خَزَنَتُهَآ

*warri ,taligaan ,ibidda, azaabaa, harka jirtu, malaaykan,tuuta san gaafatti ,wanni jettuun: maaltu ibidda kana haqa isin godhachiise,

أَلَمْ يَأْتِكُمْ نَذِيرٌ ٨

8}Si ,ergamaan ,Rabbii , kan ibidda kanaan isin sodaachisee,akka amantan isin godhu, isinittin dhufnee? Je'anii gaafii xixu'uu gaafatan.

قَالُوا۟ بَلَىٰ قَدْ جَآءَنَا نَذِيرٌ

*Gaafannaan, wanni, je'an eeyee dhugumaan, namni ibidda kanaan nu sodachi su, Rabbirraa nutti dhufee,

فَكَذَّبْنَا وَقُلْنَا مَا نَزَّلَ ٱللَّهُ مِن شَىْءٍ

*Haa tayuu waan inni je'u qeebaluu dinnee, inumaa khijibsiifnee akki jenneen: kitaabni Rabbiin nurratti buuse jettan, kijibaa waa takka wanni Rabbiin buuse hin jiruu,

إِنْ أَنتُمْ إِلَّا فِى ضَلَٰلٍ كَبِيرٍ ٩

9}lsin waan biraatii mitii,jallina guddaa ke-essajirtan, jenneenii je'anii.

وَقَالُوا۟ لَوْ كُنَّا نَسْمَعُ أَوْ نَعْقِلُ

*Ammas akki je'an odoo waan ergamoonni Rabbii je'u dhageenyee, waan isaan dhufaniin aylifannee, itti dalaynee,

مَا كُنَّا فِىٓ أَصْحَٰبِ ٱلسَّعِيرِ ١٠

10}*Ar'a,silaa,warra, ibidda wajjiin .ibiddatti hin darbamnuje'an.

فَٱعْتَرَفُوا۟ بِذَنۢبِهِمْ

*akkasitti balleessaa isaanii beekhanii , fudhatanii, quba if ciniinan, takkaa sheenayan, waytii sheenan hin fayyanne,

فَسُحْقًا لِّأَصْحَٰبِ ٱلسَّعِيرِ ١١

11}*Duuba, malaaykan,wanni ,isaa nin jettu :isin ,warra ,azaabatii .warri .azaabaa ,rahgmata, Rabbirraa haa fagaatuu ,takkaa azaaba keessa taa'aa, jettiin.

إِنَّ ٱلَّذِينَ يَخْشَوْنَ رَبَّهُم بِٱلْغَيْبِ

* Ammoo warri Rabbitti amane kan ho-

ggaa namarraa fagoo jiran,Rabbii isaanii sodaatanii, ibaadaa isaa jabeessan, waan inni dhiisaaje'u dhiisanii,waan inni dalagaaje'u dalaganii ,ta kkaa warri waan Rabbiin qur'aana keessatti odesse, kan isaan ijaan hin argin, kan akka jannataa, kan akka azaabaa, kan akka guyyaa qiyaamaaatifii.waan isa keessa dhufuu,dhugo'oomsee, azaaba Rabbii sodaatee, waan inni je'utti dalagu,

لَهُم مَّغْفِرَةٌ وَأَجْرٌ كَبِيرٌ ١٢

12}*Jara saniif, araaramaafii sawaaba gudda'aatu jira, sun jannata isa keessatti waan fedhan hundaan qanani'anii.

وَأَسِرُّوا قَوْلَكُمْ أَوِ اجْهَرُوا بِهِ

*Ormi kuffaaraa Rabbii muhammaddu waan hamtuu isin jettan kana dhagayee,aayata isin tuyxu Muhamma dirratti buusaa waan jettan suuta qooqa gad qabadha'aa waliin je'aa Jennaan ,Rabbiin aayata tana buusee akki je'een: dhoysa'aa qooqa gad qabadha'aa, waan jettan waliin je'aa, takkaa qooqa ol fuudha'aa dirree baasa'aa, waan jettan waliin je'aa , wanni Rabbirraa dhokhatu hin jiruu, wanni dirree baasanii je'aniifii, wanni dhoysanii je'an Rabbi biratti wal qixaa, hunda quba qaba,

إِنَّهُ عَلِيمٌ بِذَاتِ الصُّدُورِ ١٣

13}Rabbiin waan namni gara'aa qabu beekhaa ,Akkamiin, waan dubbatame dhoysanuu ,mul'isanuu, wallaala hin walIaalu jechu'

أَلَا يَعْلَمُ مَنْ خَلَقَ

*si namni, waan ifii uume hin beekhuu, waan isin dhoysitanii dubbattaniifii , waan kaanillee Rabbiitu uumee akkamiin beekhuu dadhaba? Ni beekha jechu',

وَهُوَ اللَّطِيفُ الْخَبِيرُ ١٤

**14}***Rabbiin kan waa hunda keessa beekhu.

هُوَ الَّذِي جَعَلَ لَكُمُ الْأَرْضَ ذَلُولًا

*Rabbiin,isa,dachii,isinii,laaffisee akka irra deemtanii, irra jiraattan, isinii godhe,

فَامْشُوا فِي مَنَاكِبِهَا

*tanaaf jecha, dachii tanarra bakka hunda dhaqa'aa, takkaayuu deddeemaa,waan itti haajamtan barbaaddadhaa, naggadaafii qonnaafii, waan biralle'een,

وَكُلُوا مِن رِّزْقِهِ

*Waan Rabbiin lafa tanarratti, takkaa lafa keessatti, isiniif, uume, nyaadhaa, uffadhaa, itti, fayyadamaa,hanga addunyaa tanarra jirtan ,waan dalaydan dalagaa,

وَإِلَيْهِ النُّشُورُ ١٥

15}*Ammoo eega duutanii qabriii kaafamtanii,guyyaa qiyaama'aa, gara rabbiiti

deebitanii,Walitti qabamtan ,waan addunya'arratti dalaydanirraa gaafatamuuu jecha .akka namni Rabbitti amanee tole jannata seenee,aakhira'attis Rizqii Rabbiin jannata keessatti uume nyaatee dhugee waan fedhu argatuuf, akka namni addunya'arratti rizqii Rabbii nyaatee dhugee uffatee Rabbitti kafare ibidda azaabatti gubatuuf jecha.

*lsa samii keessajiru arnantanii, ءَأَمِنتُم مَّن فِي ٱلسَّمَآءِ

*Dachii isiniin baqaysee isiniin cittee isin Iiqimsu'urraa isa amantanii?, أَن يَخۡسِفَ بِكُمُ ٱلۡأَرۡضَ

16}*Tan yoo isiniin gara galche isin liqimsitee sossootee isin gubbaa teessu. فَإِذَا هِيَ تَمُورُ ١٦

*Takkaa isa samii keessa jim amantanii, أَمۡ أَمِنتُم مَّن فِي ٱلسَّمَآءِ

*Qilleensa jabaa waan irra baye hunda أَن يُرۡسِلَ عَلَيۡكُمۡ حَاصِبٗاۖ

buqqisee darbu isinitti ergee dhagaaan isin tumee isin fixu'urraa isa amantanii, kan isatti kafartaniif? duuba Rabbii akkatti irree qabu kana sodaadha`a, amana'aa dubbii isaa dhagayaa, ammoo yoo diddanii itti kafartan,

17}*Wannin an isiniin sodaachise kun, akka haqa taye beekhu'uuf jiraattan, hoggaa azaaba ijaan gartan, duuba gaafas sheenayu'uuf jiraattan, gaafa sheenan waa takka namaan tarre, naman fayyanne. فَسَتَعۡلَمُونَ كَيۡفَ نَذِيرِ ١٧

*Ummanni dur kanneen ummata kee وَلَقَدۡ كَذَّبَ ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡ

kan si kijibsiise kana dura dabre, kan akka ummata nuuh,ergamoota nuti ergine khijibsiisanii jiran, akkuma jarri kun si kijibsiisetti, haa tayuu sababaa isaan akkas dalaganiif jechan, itti dallanee, balaa itti buusee, lafarraa isaan fixee,

18}*Duuba an waan isaan dalagan jibbee فَكَيۡفَ كَانَ نَكِيرِ ١٨

isaan qixaaxun dhuga'amoo dhuga'aa miti?, dhugaa jechu', maalif ormi kuffaaraa kan Nabi Muhammad khijibsiisu, faana iqaaba yookaa qixaaxa sanii shaamifii yamanitti arganii,kan akka azaaba ummata luuxit ti bu'ee, duuba warra si khijibsiises akkas goonaa, haa beekkatanii, yoo badii tanarraa deebi'uu baatan, Rabbiin waa hundarratti dandaya`aa.

*Si akka Rabbiin waa hunda dandayu , allaattii isaan gubbaa barartu laalanii hin hubatanii? Takkaa hin arganii?, أَوَلَمۡ يَرَوۡاْ إِلَى ٱلطَّيۡرِ فَوۡقَهُمۡ

*tan hogiin ,goflaa yookaa Kooluu isii- صَٰٓفَّٰتٖ

dhaa, addaan bantee diriirsitu,

وَيَقۡبِضۡنَۚ

*Tan hogiin goflaa walitti qabattu takkaa waliin dhoytu,

مَا يُمۡسِكُهُنَّ إِلَّا ٱلرَّحۡمَٰنُۚ

*kan Rabbi malee wanni isii qabu hin jirre,waan bararu hoggaa inni goflaa isaa, samii keessatti, addaan banuufii, hoggaa inni walitti qabatu, wanni lafa dhayu'urraa, takkaa kufu'u rraa, isa dhoowwu, Rabbi malee waan biraatii miti, kun wanni isaan agarsiisu, human Rabbii isaanii mul'attuu , tan akka waan fedhe isaan godhuu dandayu, isaan hubachiiftu,

إِنَّهُۥ بِكُلِّ شَيۡءِۭ بَصِيرٌ ١٩

**19}** *Rabbiin kan waan uume hunda argu ,kan isaan tottooyatu,waan isaan itti haajaman isaanii godhee, waan isaan miidhu isaanirraa qabu'uun, kan toltuu dalageef jannata kennee, kan hamtuu dalage yoo fedhe qixaaxu.

أَمَّنۡ هَٰذَا ٱلَّذِي هُوَ جُندٞ لَّكُمۡ يَنصُرُكُم مِّن دُونِ ٱلرَّحۡمَٰنِۚ

*Mee eenyu namni ashkara isinii tayee kan Rabbin tayin,azaaba Rabbii isinirraa deebisu? namni isinii tum see qixaaxa Rabbii jalaa isin baasu hin jiru jechu',

إِنِ ٱلۡكَٰفِرُونَ إِلَّا فِي غُرُورٍ ٢٠

20}*Kuffaarri, sababaa ergaa rabbi diddu`uutin, azaabni nuttin bu'uu yaadu,waan biraatii mitii, haala gowwumma'aa keessa jiran, kan shayxaanni, yoo waan ergaan Rabbii je'u diddan, balaan isinittin buutu jeee isaan gowwoomsee isaan dagu, {ghuruur} jechuun : dagu.

أَمَّنۡ هَٰذَا ٱلَّذِي يَرۡزُقُكُمۡ إِنۡ أَمۡسَكَ رِزۡقَهُۥۚ

*Mee eenyu ,namni yoo Rabbiin rooba isinirraa, kute ,takkaa rizqii isinirraa qabe ,rooba isinii fidu? takkaa rizqii isinii fidu? Namni Rabbin tayin.Kan is in razaqu, kan rooba isinii roobsu , hin jiru jechu',

بَل لَّجُّواْ فِي عُتُوّٖ وَنُفُورٍ ٢١

21}*Haa tayuu ormi kuffaaraa sun, odoo kana beekhanuu jail ina keessa dabranii, if guddisanii, haqarraa dheysanii, fagaatan.

أَفَمَن يَمۡشِي مُكِبًّا عَلَىٰ وَجۡهِهِۦٓ أَهۡدَىٰٓ

*Si nama kufee, fuulan lafarra deemutu irra qajeelaadhamoo,

أَمَّن يَمۡشِي سَوِيًّا عَلَىٰ صِرَٰطٖ مُّسۡتَقِيمٖ ٢٢

22}*Nama dhaabbatee,karaa diriiraa deemutu irra qajeela'a deebisaan gaafii tanaa, nama dhaabbatee, miilan karaa qajeela'arraa deemutu irra qajeela'a jechu',kaafirri nama fuulan lafarra dee-

mutti fakkeeffame,ammoo mu'minni nama qajeelee karaa diriiraa miilan deemutti akkeeffame.

قُلْ هُوَ ٱلَّذِىٓ أَنشَأَكُمْ

*Orma kuffaaraa kanneen waan rabbiin tayin Ibaadun akki jettu,rabbiin keessan kan ibaaddanii galata isaa galchuu haqa godhatu isa isiniin jirre isin uumee, isin argamsiise,

وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمْعَ وَٱلْأَبْصَـٰرَ

*kan, eega, isin ,uumee gurra gurra ,yookaa dhagayaa, isinii ken nee ija isinii kennee,

وَٱلْأَفْـِٔدَةَ

*onnee ,yookaa,qalbii ,isinii ,kennee, qananii, isinii ida'ee , itti amana'aa galata isaaf galchaa

قَلِيلًا مَّا تَشْكُرُونَ ٢٣

23}*Haa tayuu isin, waan Rabbiin keessan isinii kennerratti,galata isaa galchuun keessan waa xiqqisho takkaa akkaan xiqqaata.

قُلْ هُوَ ٱلَّذِى ذَرَأَكُمْ فِى ٱلْأَرْضِ

*Rabbiin isa lafa tanarratti isin, uumee isin jiraachise

وَإِلَيْهِ تُحْشَرُونَ ٢٤

24}*Kan eega duutanii,guyyaa qiyaama'aa. qabri'Ii kaafamtanii gara isatti, yookaa isa duratti,walitti qabamtan ,waan addunya'arratti dalaydanirraa isin gaafatu'uu jecha, ji'iin.

وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَـٰذَا ٱلْوَعْدُ

*Duuba ormi Rabbitti kafareare ,hoggaa qiyaamaa ni kaafamtan jeaniin ,wa nni orma mu'rninaatin jean, guyyaan qiyaama'aa kun yoom dhufa?,

إِن كُنتُمْ صَـٰدِقِينَ ٢٥

25}*Yoo kan dhugaa dubattan taatan.

قُلْ إِنَّمَا ٱلْعِلْمُ عِندَ ٱللَّهِ

*duuba yaa ergamaa iyya wanni isaanin jettu; waytii qiyaaman dhuftu beekhun Rabbi birajira, Rabbi malee namni beekhu hin jiru,

وَإِنَّمَآ أَنَا۠ نَذِيرٌ مُّبِينٌ ٢٦

26}*An waan biraatii mitii, nama dhufa guyyaa qiyaama'aa isin beysisee,dirree baasee ,cinqii gaafas argamtuun isin sodachisee ,akka amantanii cinqii san jalaa baatan isin godhu ji'iin .

فَلَمَّا رَأَوْهُ زُلْفَةً

*Duuba,Ormi kuffaaraa kan qiyaaman hin dhuftu je'ee, moromu, eega qabri'ii kaafamanii ,dirree qiyaama'atti walitti qabamanii ,hoggaa azaaba if maddi'itti ijaan argan

سِيٓـَٔتْ وُجُوهُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ

*fuulli warra Rabbitti kafaree, hammaatee gurraachoma rifannoota keessa,

وَقِيلَ هَٰذَا ٱلَّذِى كُنتُم بِهِۦ تَدَّعُونَ ٢٧

27}*Duuba malaaykan azaaba isaanii qopheysitu; wanni orma kuffaaraa saniin jettu ; azaabni laaltanii gartan kun, isa addunya'arratti,eega duunee qabri'ii hin kaafamnu jettanii moromtanii, hunoo dhandhamaa jettiin.

قُلْ أَرَءَيْتُمْ

*warra si dhugo'oomsuu dideen akki jettu; mee maal jettan naa himaa?

إِنْ أَهْلَكَنِىَ ٱللَّهُ وَمَن مَّعِىَ

*yoo Rabbiin, naafii nama mu'minaa kan waliin jirrutti azaaba buusee, nu fixe, akka isin feetanitti,

أَوْ رَحِمَنَا

*Takkaa nu azzabuu baatee, rahmata nuu godhe,

فَمَن يُجِيرُ ٱلْكَٰفِرِينَ مِنْ عَذَابٍ أَلِيمٍ ٢٨

28}*mee enyu, namni kuffaara azaaba Rabbii ,kan isaan laalessu jalaa ,nagaya baasu , namni jalaa isaan baasu hin jiru jechu.

قُلْ هُوَ ٱلرَّحْمَٰنُ

*Ammas akki jetun kan ibaadaa haqa godhatu kan itti dhaysan nama fum Rabbii tokkicha karaan haqaa karaa isaa qofa

ءَامَنَّا بِهِۦ

*Nuti akka inni Rabbii keenya kan waa hunda uume taye, dhugo'oomsinee jirra,

وَعَلَيْهِ تَوَكَّلْنَا

*Wahayyuufuu isatti irkannee jirraa,

فَسَتَعْلَمُونَ مَنْ هُوَ فِى ضَلَٰلٍ مُّبِينٍ ٢٩

29}*Isin kuffaarri guyyaa qiyaama`aa hoggaa azaaba isinitti bu`u ijaan agartan nuufii isinirraa nama jallina mul`ataa keessa jiru beekhu`uuf teessan ji`iin

قُلْ أَرَءَيْتُمْ

* Ammas akki orma kufTaaratiin jettu ; mee naa odeessaa,

إِنۡ أَصۡبَحَ مَآؤُكُمۡ غَوۡرٗا

*Yoo bishaan isin waraa bbattanii dhuydanii obaafattan dachiin liqimsitee, lafa keessa isin duraa fagaatee, waan dhuydan dhabdan,

فَمَن يَأۡتِيكُم بِمَآءٖ مَّعِينِۭ ٣٠

30}*Eenyu namni bishaan yaau , kan harkaan ,takkaa ,okhole'een ,dhaqqabdanii, waraabbattanii, dhuydanii obaafattanii , jiraataniin, isinii fidu? ji'iin, namni isinii fidu hin jim jechu', yoo Rabbii guddaa taate malee, duuba Rabbii akkatti isin qananiise akkamitti dhugo'oomsuu diddan. Hoggaa qaraatii suuraa tanaa {bi maain makgiin} je'anii than {allaahu Rabbulkgaalamiin} الله رب العـــالمين jeuun ni barbaadama ,makgnaan isaa; {Rabiitu bishaan itti haajarnan namaa fida jechu'}. Suuran tabaarakaa tun nama isii qara'u ni shafaati azaaba qabri'ii irraa dhoowwiti ,istighfaara isaa gooti hanga Rabbiin isaaf araaramutti, akka hadiisatti dhufe.